OROMO

**WARAQAA DHUGAA** | BIRRAA 2025

# Fooyya'iinsi deemsa Miillaa fi Biskileetii Ollaa Keessanitti Dhufaa Jiru!


## Haala Waliigalaa Pirojektichaa

Akka qaama sagantaa Daandiiwwan Nageenya Qaban Gara Mana Barumsaatti, namoota miilaan deeman, biskileetiidhan deeman, konkolaattotni, fi scooting 1ffaa Ave NE irratti NE daandii 130ffaa fi NE daandii 120ffaa gidduu deemaniif daandii itti fayyadama waliinii ijaaraa jirra. Daandiin haaraan kun namoota umriin isaanii fi dandeettii hunda qaban gara mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa Jeems Baaldwiin, Paarkii Noorzhaakris, Buufata Tiraanzitii Sagalee Pinehurst kan dhufu, fi naannoo sanaa akka ga'an gargaara.


Wantoota/qaamota pirojektii keessatti hammataman:

- Daandii haaraa bal'inni isaa 12-ft kan konkiriitii irraa hojjetame itti fayyadama waliinii namoota miilaan deemaniif, biskileetii oofaniif, konkolaattotni, fi scooting gama bahaa Ave 1ffaa NE irraa NE daandii 130ffaa gara NE daandii 120ffaatti
- Namoonni kallaatti daandii isanii irra akka deemaniif, biskileetootni, konkolaattotni, fi scooting kallatti isanii irraa akka deeman gochuuf daandii NE 125ffaa irratti qaxxaamuraa ol kaafame
- Dhaabbata haaraa karaa hundaa daandii NE 120ffaa irratti nageenna qabuun gara mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa James Baldwin dhaquuf
- Daandii qaxxaamuraa haaraa NE 128ffaa Paarkii Noorthacres dhaqu irratti akkasumas daandii NE 128ffaa Daandii deemsa waliin wal qunnamsiisuuf
- Fooyya'iinsa walqunnamtii daandii 1ffaa Ave NE fi daandii NE 130ffaa irratti taasifameen gara Buufata Pinehurst dhaquuf salphaa fi nageenna qabu
- Kuushnii saffisa tiraafikaa tasgabbeessuuf gargaaru
- Raampii daandii cufuu haaraa kan ulaagaalee Qaama Miidhamtoota Ameerikaa (ADA) eegu (bakka tokko tokkotti)
- Aartii ummataa daandii itti fayyadama waliinii irratti barattoota mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa James Baldwin tiin dizaayiniin hojjetame

## Daangaa Pirojektii




## Wixinee Dizaayinii - 1ffaa Ave NE Kaaba Ilaaluu



| Daandii Miilaa fi tursiisaa/daangaa qabeessaa daandii (kan jiru) | Daandii/ sarara Imala (SB) | Daandii/ sarara Imala (NB) | ft-12 Daandii Fayyadama Qoodame (karaa-2) fi tursiisaa/ daangaa qabeessaa daandii |
|---|---|---|---|

## Sagantaa

**Karooraa fi dizaayinii:** Adeemsa irra jiru

**Ijaarsa:**

- **Marsaa 1ffaa:** Dhuma bara 2025tti, kutaa daandii itti fayyadama waliinii NE 130ffaa fi daandii NE 125ffaa gidduu jiru ijaaruu ni jalqabna
- **Marsaa 2ffaa:** Bara 2026tti, kutaa daandii itti fayyadama waliinii NE 125ffaa fi daandii NE 120ffaa gidduu jiru ni ijaarra

## Irratti Hirmaadhu!

Maaloo waa'ee pirojektichaa caalaatti baruuf koodii QR scan godhaa, akkasumas imeelii haara'e argachuuf galmaa'aa.

**ODEEFFANNOO FI QUNNAMTII PROOJEKTII**
Drue Nyenhuis, Hogganaa Ol'aana qunnamtii
1stAveNEpath@seattle.gov | 206-684-0250
seattle.gov/transportation/1stavenepath

Seattle Department of Transportation